

Meeshaalee Taphaa Qulqulleessuun Dhukkuba Ittisuuf Ni Gargaara



Sagantaa barumsa daa'imummaa keessatti meeshaalee taphaa waan qooddataniif, jarmiileen salphaatti daa'imman irraa daa'immanitti daddarbuu danda'u. Meeshaalee taphaa qulqulleessuu fi dhiquun dhukkuboota daddarboo ittisuuf gargaara.

Hojimaata Gorfaman

- Meeshaalee taphaa haaraa yeroo bittan, yoo danda'ame meeshaalee taphaa miiccamuu danda'an filadhaa.
- Meeshaalee guyyaa guutuu xuraa'an walitti qabaa.
 - Meeshaalee taphaa “Afaan kaa'aman” – erga daa'imni itti fayyadamee booda
 - Meeshaalee taphaa biroo hunda – guyyaa guyyaan, ykn akka barbaachisummaa isaatti
- Meeshaalee taphaa kuusaa adda addaa keessa kaa'un addaan baasa: tokko huccuu fi meeshaalee taphaa jirbii guutamaniif akkasumas tokko immoo meeshaalee taphaa mukaa fi pilaastikiitif. Meeshaalee taphaa dursanii adda baasun miiccuu fi qulqulleessuf salphaa taasisa.
- Xumuura guyyaa irratti, ykn yeroo murtaa'etti (jechuun yeroo hirriba guyyaa), meeshaalee taphaa qulqulleessaa, lolla'aa akkasumas saanitaayizii godhaa.
- Meeshaalee taphaa maashinii huccuu miiccu, maashinii meeshaa miccu fayyadamuun ykn harkaan miiccuu dandeessu.

Meeshaalee taphaa harkaan miiccuu

Tarkaanfii 1: Qulqulleessuu

- Xurii, dhukkee fi gorora meeshaalee taphaa irra jiran balleessuf saamunaa fi bishaan ho'aa fayyadamuun sirriitti dhiqaa akkasumas sukkuumaa. **Meeshaalee taphaa qulqulleessuu keessatti tarkaanfii hunda caalaa barbaachisaa ta'edha.**
- Meeshaalee taphaa irratti Saanitayizeerii fayyadamuun dura qulqulleessun barbaachisaa dha, sababiin isaas saanitaayizarichi bakka qulqulluu irratti jarmii haala gaarin waan ajjeesuufi.

Tarkaanfii 2: Lolla'uu

- **Meeshaalee taphaa lolla'uun xurii, haftee saamunaa fi jarmii balleessun qulqulluu akka ta'u gargaara.**

Tarkaanfii 3: Saanitayizii gochuu

- **Saanitayizii gochuun** jarmii bakkoota irra jiran gara sadarkaa nageenya qaba jedhamee fudhatamutti hir'isa.
- Meeshaalee taphaa kana bulbula kilooriinii addeessu keessatti cuuphuu; maadala sirrii ta'eef [Qajeelfama Department of Health \(DOH, Muummee Fayyaa\) qulqulleessuu fi saanitaayizii addeessu](#) ilaalaa. Guwaantii laastikaa mana keessaa uffachuudhan gogaa keessan eegaa.
- Meeshaalen taphaa guutummaatti akka gogan taasisaa (jechuunis halkan tokkoof) ykn meeshaalee taphaa softiidhan gogsuu dura yeroo tuttuqaa daqiiqaa 2 eeyyamaa.
- Bulbulli Kilooriinii addeessituu meeshaalee taphaa irraa waan hurka'uuf xuriin tokkollee hin hafu, kanaafuu dabalataan lolla'uun hin barbaachisu.

Meeshalee taphaa maashiinii mi'a dhiqu keessatti miiccuu

- Meeshaalen taphaa JAJJJABOON tokko tokko kan akka mukaa, pilaastikii ykn sibiilaa meeshaa mi'a dhiqu keessatti dhiqamuu danda'u. Qajeelfamoota meeshaa taphichaa irra jiru ilaalaa:
- Hamma saamunaa sirrii maashiinii mi'a dhiqu kan oomishtonni gorsan fayyadamaa.
- Meeshaalee taphaa marsaa miiccuu fi gogiinsa guutuu keessa dabarsaa.
- Meeshaalee taphaa mi'a xuraa'aa, meeshaalee manaa fi kkf wajjiin hin dhiqinaa.

Maashiinii huccuu miiccu keessatti meeshalee taphaa miiccuu

- Meeshaalen taphaa LALLAAFAN hedduun huccuu irraa hojjetaman, kan akka bineensota jirbiin guutaman, kan rurrukutamaanii fi kan uffanni itti uwwifame maashinii huccuu miiccu keessatti miiccamuu danda'u. Qajeelfamoota meeshaa taphichaa irra jiru ilaalaa:
- Bishaan HO'AA fi saamuunaa fayyadamaa.
- Yoo dandaa'ame meeshalee taphaa gogsituu ho'aa keessatti gogsaa.

YAADACHIISA: Meeshaalee taphaa lolla'uun xurii, haftee saamunaa fi jarmii balleessun qulqulluu akka ta'u gargaara. Kilooriinii amooniyaa waliin walitti makuun aara balaafamaa uumuu danda'a. Kilooriinii addeessu bishaan qofaa wajjiin bulbulaa.